



Ijaarsa Eenyummaa Garee Geerarsa Oromoo Keessatti

Waaqgaarii Tasfaayee^{1*}, Waaqtola Waaqjiraa^{2*}, Guddataa Abdiisaa^{3*}

Muummee Afaaniifi Ogbarruu Oromoo, Yuunivarsiitii Wallaggaa, L.S.P. 395, Naqamtee, Itoophiyaa

Axereraa	Article Information
<i>Qorannoon kun 'Ijaarsa Eenyummaa Garee Geerarsa Oromoo Keessattii' kan jedhu irratti geggeeffame. Kaayyoon ijoo qorannichaas geerarsi Oromoo haala kamiin eenyummaa garee akka ijaaru xiinxaluudha. Ka'umsi bu'uuraa qorannoo kanas hubannoo dabaa namoonni hedduun eenyummaa garee irratti qabanidha. Qorannoon kun qorannoo sanyaabsaa yoo ta'u, maddeen ragaalee isaas dardaggoota, maanguddoota, barreeffamoota hinmaxxanfamneefi waajjiralee garaagaraa keessa jiranidha. Malleen iddatteessuu iiti dhimma ba'aman immoo mala kaayyeffataafi mala darbaa dabarsaa yommuu ta'an, ragaaleen qorannichaas daawwannaa, marii garee, afgaaffiifi sakatta'a dookimantiitiin funaanamaniiru. Ragaaleen argatamanis malleen galmeessa ragaalee kanneen akka: suuraa kaasuu, waraabbii suursagalee, warabbii sagaleefi yaadannoo dirree qabachuutiin galmeeffamuu/fudhatamuu danda'aniiru. Geerarsoota funaanaman keessattis eenyummaa gosaa yookaan qomoo, eenyummaa bakka jireenyaafi eenyummaan garee haala hojii ibsamani jiru. Hawaasni Oromoos geerarsaan eenyummaa gosaa yookaan qomoo, kan bakka jireenya kanneen akka godina, aanaafi gandaa; akkasumas, haala hojii qonnaan bulaa, daldalaa, barataa, goota, dubartummaafi kan kana fakkaatan irratti hundaa'uudhaan eenyummaa garee akka ijaarratu bira ga'ameera.</i>	Article History: Received: 11-03-2024 Revised: 15-09-2024 Accepted: 10-04-2025 Jechoota Ijoo: eenyummaa, eenyummaa garee, geerarsa, ijaarsa eenyummaa garee *Qorataa Muummee: Waaqgaarii Tasfaayee E-mail: wakgari20@gmail.com

Seensa

Oromoon saba eenyummaa mataasaa qabuufi baroota dheeraadhaaf eenyummaa isaa rakkooleen adda addaa yoo jiraatanillee eeggatee jiraatedha. Gammachuun (1996) akka ibsetti, Oromummaan maqaa Oromoo jedhurraa kan maddeefi caacculee sansakkaa Oromummaa ibsuuf oolan hunda calaqqisiisuuf kan gargaarudha. Waan Oromoon qabuufi waan jiruufi jireenya isaan hidhata qabu kan agarsiisu Oromummaa akka jedhamu ibsa. Gammachuun itti dabaluudhaan aaka ibsetti, eenyummaan Oromummaa kan inni bocamu dhiibbaa keessaafi alaa haala naannoo kan Oromoo walitti hidhuuf gargaaru lafa, gaara, tulluu, biqilaafi bineensa, haala qilleensaa, haala waqtiileefi haala walitti dhufeenya isaa keessatti hariiroo inni uumudha. Ummanni Oromoo akka saba tokkootti sirna gadaa jalatti of ijaaree baroota baay'eedhaaf diinoota isaa of irraa ittisee walabummaan jiraachaa ture. Yeroo sana Oromiyaa akka biyyaatti ijaare (Asafa, 2007a).

Jaarraa tokkoo oliif mootummoonni Itoophiyaa yeroo adda addaa bulchaa turan aadaafi seenaa Oromoo kana karaalee adda addaatiin daddabsanii himuufi barreessuu bira darbanii akka badu gochaa turan. Aadaafi seenaa Oromoon qabu kanas kan ofii godhatanii ittiin ofbeeksisaas turanii jiru. Kana ilaalchisee Jeylan (2005) akka ibsetti, qabsoo

yeroo dheeraaf godhameen aadaafi seenaan dhugaa aslil jiru deebi'aa jira.

Gara qorannoo afoolaatti yoo deebinu garuu, jaarraa 19ffaa keessa hiikni afoola Afriikaa irratti kennamaa ture afoolliyyuu hafee afaanotumti Afriikaayyuu aartiidhaan kan hin dagaagne, xiinqooqni isaa kan hin qoratamne, caasaa laayyoo kan qabuufi hanqina hiika jechootaan kan guutedha jedhamaa ture (Tesfaye, 2019). Haata'u malee, afoolawwan Afriikaas akkuma kan addunyaa kanneen biroo jiruufi jireenya hawaasaa calaqqisiisuuf kan ooludha. Haaluma kanaan, afoolli hubannaa hawaasaa ifa baasuufi jireenya hawaasa tokkoo kallattii hedduun agarsiisuu kan danda'uufi humna kan qabudha. Haala kana Bukenyafi Wanjiku (1994) yeroo ibsanitti afoolli laphee haala jireenya hawaasa tokkoo ta'uu, aadaa hawaasaatti lubbuu kan horu, sona hawaasa tokkoo baatu, ilaalcha hawaasni tokko addunyaa kanaaf qabu kan ibsuufi kuufama beekumsaa kan akka bantuufii cuftuutti jireenya guyyuu hawaasaa fuulduratti fuudhee deemu ta'uusaatu hubatama.

Geerarsi gosoota afoolaa eenyummaa ijaaruufi ibsuuf oolan keessaa isa tokkodha. Akka Sumner (1996) ibsetti, geerarsi muuxxannoo namoonni bara dheeraadhaaf qaban gaddas ta'e gammachuu, hadhaawaas ta'e mi'aawaa ibsuufi calaqqisiisuuf ga'ee qaba. Akka Asafa

(2007a) ibsetti immoo, geerarsaan baay'ee biratti beekameyyuu hedduu eenyummaan dhuunfaa, gareefi waloo ijaaramuu nidanda'a. Haaluma kanaan qorannoo kana keessatti ga'een geerarsi eenyummaa garee ijaaruu keessatti qabu xiinxalamee jira.

Ulaagaaleen arfan ijaarsa eenyummaa keessatti ga'ee guddaa taphatan ilaalcha, qo'annoo seen-hawaasaa, ogbarruufi afaan warreen ijoodha (Kannapurany, 2016). Kun kan agarsiisu, waan hawaasni tokko fakkaatuufi akka inni itti yaadu, akkasumas dhiibba irra ga'e qorachuun yoo barbaachise ilaalcha, seenaa hawaasichaa, afoola, ogbarruu isaafi afaan isaa qorachuun akka danda'amudha. Akka Tesfaye (2019) ibsettis, adeemsi jijjiirama hawaasa tokkoo afoola yookaan oguma afaanii isaa irraa gargar ba'ee ilaalamuu hindanda'u. Sababni isaa, wantoonni hawaasni tokko qabu, kan eenyummaan isaa keessatti kuufamee jiruufi eenyummaan isaa ittiin ibsamu afoola isaatiinidha.

Hayyoonni dirree qorannoo saayinsii hawaasaafi namummaa adda addaa walakkaa jaarraafi isaa olii darban keessatti gaaffiilee waa'ee eenyummaaf fedhii cimaa qabaachaa turan (Gleason 1983; Oring 1994). Yaadni eenyummaa yeroo ammaa: xiinsammuu irraa fudhatame, qorannoo hawaasaa keessatti ijaarsa hawaasaa yeroo dhiyoof yoo namoota

baay'ee biratti beekameyyuu hedduu walxaxaadha. Miirri eenyummaa keenyaa yeroo ammaa akka jecha saayinsii hawaasaatti bal'inaan dhimma itti ba'amuu kan eegale baroota 1950 keessa qofa ture. Kunis irra caalaa yaadrimee kufaatii eenyummaa kan xiinxalaan sammuu Swedish-American ta'e Erikson jedhamu bu'uuresse irraa fudhatame (Gleason, 1983; Fearon, 1999). Akka yaada kanaatti dhiibbaa alaafi keessaatiin akka hawaasni tokko eenyummaa isaa tuffatu yookaan jibbu wayita taasifamuu eegale eenyummaa hawaasa tokkoo irratti qorannoo geggeessuun eegalame jechuudha.

Qorannoo sanyaabsaa keessatti, yaadrimeen eenyummaa galumsa eenyummaa keessatti qabxii of-fakkaachuu qofa ibsuuf osoo hintaane, garee biroo fakkaachuu ibsuuf dhimma itti ba'amaa ture. Karaa biroon, jechi eenyummaa jedhamu hubannoo amala waliin gareen tokko, fakkeenyaaf, afaan, aadaa, amantii, biyya, afseenaafi kkf qabuuti. Haala kanaan, garee namni tokko itti ramadamu kutaa barbaachisaa naannoo hawaasaa kan eenyummaa namootaa keessatti uumamudha (Sokefeld, 1999). Yaadrimeen lameen kana Erikson (1991) walitti makuun: jechi eenyummaa jedhu hariiroo waliin jireenyaa keessatti of-fakkaachuufi amala kan biroo fakkaachuu qabaachuu ta'uu isaa ibsa.

Eenyummaan garee hawaasaa eenyummaa garee hawaasaa yookiin garee namootaa kan namoonni sunneen ofii isaanii yookiin namoonni biroon ykn lamaanuu hawaasa tokko keessatti ittiin ramaduuf itti fayyadamanidha. Eenyummaan hawaasaa ga'ee hawaasaa kanneen barsiisaa, abbaa, haadha, yookiin akka waliigalaa qoodinsa saalaa, sabummaafi biyyummaa irratti bu'uureeffama. Eenyummaawwan kunneenis walduraa duubaan eenyummaa ga'eefi eenyummaa garee hawaasaa jedhamu. Eenyummaan hawaasaa bu'uura isaa aadaa hawaasaa kamiyyuu haata'u, bu'uura hariiroofi walitti dhufeenyaati (Fearon, 1999).

Eenyummaan hawaasa keessa jiraachuun kan hundeeffamudha. Hariiroon waliin jireenyaa uumama eenyummaa sadarkaa hawaasaafi matayyaas walmadaalsisaa tokkummaafi garaagarummaatiin ibsama (Jenkins, 2004). Namni dhuunfaan, miseensa gareewwan hawaasaati; innis filannoon, dhalootaa fi dirqamaan ta'uu danda'a. Bifuma walqabateen, yaadrimeen "garee" jedhu walitti qabama namoota matayyaa kanneen miseensa garee sanaa ta'uun garichatti of-waaman, fedhii waliin hirmaachuu calaqqisiisan, waliigaltee sadarka hawaasaan kan gonfataniifi garicha keessatti madaalamanidha (Tajfel fi Turner, 1979).

Miseensummaan garee bifa gareen hawaasa tokkoo ittiin adda ba'udha. Innis, hawaasummaafi eenyummaa dhuunfaa irratti dhiibbaa uuma. Gareen yaadiddama hawaasummaa akka ibsanitti miseensa garee tokkoo ta'uun garee sanatti of-waamuun, amaloota garee sanaa qooddachuun amala gareen sun ittiin adda of-baasee amaloota garee biroo irraa ittiin addaan ba'aniidha (Tajfel, 1978; Turner, 1982). Addunyaa garee hawaasa tokkoo seenuun, akka keessummaa daawwataafi hariiroowwan waliigaltee karaalee: qaamaan walbiratti argamuun, oduuleen, yaadannooleen, iimeeliin (email) ykn telefoonaan gargaaramuun hariiroo hawaasummaa caalaatti cimsa (Unruh, 1980). Akkasumas, gareen sun caalaatti addaan ba'ee mul'ata. Jenkiinsi qabxiilee baay'ee barbaachisoo ta'an eere, miseensonni garee kutaa garee ittiin of-waamanii ittiin beekaman jalatti kan dhufan walfakkeenya isaanii, akkasuma garaagarummaan baay'een gidduu isaanii osoo jiruu fakkeenyaaf garaagarummaa caasaalee olii-gadee (hierarchies), gosaa fi gahee fa'i ((Jenkins, 2004). Gareen hawaasaa tokko guutummaa guutuutti bifa dhumatee walfakkaatu hinhammatu. Hirmaachisummaan, hojiilee fandalalaa (leisure) fi garee waliin hidhata qaban, kunis eenyuummaa garichaa ibsuu ni danda'a. Kanaafuu, eenyuummaan

kun kan garee biroo irraa ittiin adda ba'an irratti xiyyeeffata.

Eenyummaan seeneffama nuti namoota birootiif waa'ee garee keenyaa itti dhiyeessinu ta'ee muuxannoo horanne irratti xiyyeeffata (Gover fi Gavelek, 1996). Kana jechuun dhimmi kun akkaataa ittiin gareen tokko eenyummaa isaa garee kan biroof ibsuun walqabata. Kanaafuu, miiirri hundeeffama eenyummaa garee hawaasaan ijaarame kan keessatti hubatamuu danda'u haala (context) fi raawwii keessatti malee guutummaa guutuutti hubachuun rakkisaadha. Kanaafuu, eenyummaan garee hawaasa Oromoo haala hawaasichi ittiin wal ijaaree jiraatuufi raawwiilee inni jiruufi jireenya isaa keessatti shaakaluun hubatama. Haaluma kanaan, qorannoon kunis haala ittiin geerarsi eenyummaa garee ijaaruuf oolu kan xiinxaledha.

Malleeniifi Meeshaalee Qorannichaa

Xiyyeeffannoon qorannoo kanaa ga'ee geerarsi ijaarsa eenyummaa garee keessatti qabudha. Qorannichi gosaan akkamtaa ta'ee dhihaannaa qorannoo sanyaabsaan kan geggeeffamedha. Maddi ragaalee qorannichaa madda ragaa tokkoffaafi lammafaadha. Maddoonni ragaalee kunneenis maanguddoota, dargaggoota, waraabbiwwaniifi barreeffamoota hin maxxanfammedha. Haaluma kanaan aanaalee

afur Giddaa, Gachii, Jimmaa Gannatiifi Waayyuu Tuqaa irraa ragaan qorannoo kanaa funaanameera. Aanaalee sadan (Giddaa Ayyaanaa, Gachiifi Jimmaa Gannatii), bakka gadi fageenyaa ragaan keessaa fuunaname keessa ji'a torbaafi torban lama (tokkoo tokkoo isaanii keessa ji'a lamaafi torban lama lama) fi aanaa tokko (Wayyuu Tuqaa) kan ragaan dabalataafi gabbisaa keessaa funaaname keessammoo torban lama turuun ragaan funaanamee jira.

Iddattoon qorannoo kanaas aanaa Gachii irraa Namoonni kudha sagal, Aanaa Giddaa Ayyaanaa irraa namoota kudha saddeet, Aanaa Waayyuu Tuqaa irra namoota kudhanii fi Aanaa Jimmaa Gannatii irraa raghimtoota kudh-a saddeet irraa ragaan funaanamee jira. Iddattoowwaan tooftaalee iddatteessuu kaayyeffataafi darbaa dabarsaan filataman. Tooftaa kaayyeffataatiin bakkeen ragaan irraa funaaname, raghimtoota ijoo fi hojjettoonni Waajjira Aadaafi Tuurizimii kan filataman yoota'u, darbaa dabarsaan immoo maanguddootaafi dargaggoonni geerarsa irratti beekumsa qaban filatamanii jiru.

Ragaaleen qorannoo kanaa malleen funaansa ragaalee kanneen akka daawwannaa, marii garee, afgaaffiifi sakatta'a dookimantiitiin funaaname. Malleen kana keessaa tokko daawwannaadha. Mala kanaan wayita hojiilee

adda addaa keessatti hirmaatan geerarsa geerarantu daawwatamee ragaan fuunaaname. Ragaa daawwannaan argame irratti kallattiifi hubannoo dabalataa adda baasuuf mariin garee xiyyeeffataan geggeeffamee jira. Itti dabalees, hubannoo, beekumsaafi fedhii maanguddoonniifi dargaggoonni geerarsa irratti qabaniifi haala isaan ittiin geeraran, dabaree walii kennaniifi waljalaa cookan hubachuuf afgaaffiidhaanis ragaan funaanamee jira.

Ragaalee malleen galmeessa ragaalee garaagaraa kanneen akka waraabbii sagalee, yaadannoo dirree, suursagaleefi suuraa kaasuutti dhimma ba'ameera. Ragaaleen bifa kanaan galmeeffaman yaaxxina galumsaa, tajaajilaafi ijaarsitoota bu'uureffachuun xiinxalamee jira. Ragaaleenis battaluma funaanaman gara bareeffamaatti jijjiiramaa adeeman. Kunimmoo, ragaaleen mala galmeessa ragaalee garaagaraan funaanaman haalota keessatti geerame waliin akka barreeffamatti jijjiiramaniif gargaareera. Kana malees, qorataan ragaalee yeroo barreeffamatti jijjiiru hubachuun rakkises guyyaa itti aanu qulqulleeffachuuf gargaaree jira.

Geerarsi funaaname gara barreeffamaatti erga jijjiiramee booda haala eenyummaa garee kanneen akka gosa, bakka jireenyaafi haala hojiitti qoqqooduun xiinxalame. Adeemsa kana

keessatti qorataan ragaalee barreeffamatti jijjiiraman yaadannoo qabachaa irra deddeebiin erga dubbisee booda ijoo isaa adda baafate. Ijoo isaa immoo guyyaa dabalataa fudhachuun raghimtoota waliin mari'achuun sirrummaa isaa mirkaneeffatee koodiin itti kenname. Koodii kenname irratti hundaa'uun yaadrimee adda addaa bu'uura taasifachuun mataduree adda addaatti erga qoqqoodee booda geerarsoota Oromoo eenyummaa garee ijaaran xiinxalee jira.

Dhiyeessaafi Xiinxala Ragaalee

Ijaarsa Eenyummaa Garee Geerarsoota

Filataman Keessatti

Hanga laafinsa sirna Gadaatti Oromoofi gadaan kan addaan hin baaneefi sirni gadaa sirna eenyummaa Oromoo ibsaa turedha. Akka Tsiga (2012) ibsetti, sababa aangoon abbootii gadaa Oromoo hunda bira ga'uun itti ulfaateef hooggantoonni waraana daangaa isaanii keessatti of ijaaruu eegalani. Abbootiin gadaa naannoo bulchiinsaafi daangaa isaanii qofaa irratti xiyyeeffachuun kunimmoo akka walootti eenyummaafi faayidaa Oromoo hundaa eegsisuu hin dandeenye. Abbootiin gadaafi abboonni duulaa baay'een sadarkaa bakka jireenyaafi garee muraasa qabachuun wayita geggeessuu eegalan eenyummaa garee malee eenyummaa Oromoo akka waliigalaatti eegsisuun ulfaataa ta'ee akka ture Tsaggaan ibsee jira. Haata'u malee, erga Oromoon sadarkaa garaagaraatti konfedereeshinii

ijaarrachuufi waan waloon qabu irratti xiyyeeffachuu eegalee booda sabni Oromoo eenyummaa waloo isaa eeggachuufi ilaalcha walfakkaataa horachuu eegale. Keessumaa, maqa balleessii monoksoota Itoophiyaa kanneen akka Abbaa Baahiree ofirraa cabsuudhaaf gareewwan adda addaa ijaaramuufi konfedereeshinii garaagaraa ijaarrachuun dirqama ture.

Geerarsi eenyummaa gareen tokko qabu, akkaataa ittiin gareen hawaasaa tokko eenyummaa isaa ijaarratu calaqqisiisuullee ni danda'a. Yaadrimeen "garee" jedhu walitti qabama namoota dhuunfaa kanneen miseensa garee sanaa ta'uun garichatti of-waaman, fedhii waliin hirmaachuu calaqqisiisan, waliigaltee sadarkaa hawaasaan kan gonfataniifi garicha keessatti madaalamanidha (Tajfel & Turner, 1979). Kanaafuu, eenyummaa garee kan jedhamu garee akkataa garaagaraatiin hawaasa keessa ijaaramee jirudha. Garee bakka jireenyaa, kan gosaafi akkaataa hojii ijaarame ta'uu ni danda'a. Eenyummaawwan garee geerarsaan ijaaramuu danda'anis haala armaan gadiin xiinxalamaniiru.

Garee Gosaa/Qomoo

Konfedereeshiniin Oromoon jalqaba ijaarrate Arfeefi Sadacha kan jedhamu ture. Bara Roobalee Lubaa (1570 hanga 1578) gareen

Oromoo Maccaa lama Calliyaafi Hookoo kan jedhaman waliigalee Liibaniifi Guduruu waliin uummate maqaa waloo isaa Arfee jedhee moggaafate. Hiikkaan isaa gamtaa garee afurii jechuudha. Konfedereeshinii sadee kan jedhaman immoo damee Baarentuu Warra Karrayyuu, Warra Iluufi Warra Noolee kan jedhaman ta'anii naannoo Walloo jiraatanidha. Gareen sadachaa kan biraan immoo bara 1578 hanga 1586 garee Booranaa Hakaakoo, Abboofi Suuba kan jedhamaniin ijaarame. Sadachi Booranaa kun gara Kibba Lixaatti socho'uudhaan konfedereeshinii arfee Daamoot jirutti makameera. Konfedereeshiniin kun waldeeggaree daangaa ofii isaa eeggachuuf ijaarame. Keessumaa sadachi Booranaa gara Daamotitti socho'uun daangaa Oromoo karaa Lixaafi Kibba Lixaa eeguufi daangaafi lafa karaa Abbaayiifi laga Goojjab ciminaan eeguuf gumaacha taasiseera. Kunimmoo Wallagga, Jimma, Iluu Abbaa Booriifi naannoo sana hammata (Tsaga, 2012; James, 1988).

Kanaafuu, eenyummaan garee gosa/qomoo irratti hundaa'ee ijaaramuu ni danda'a. Geerarsi armaan gadii kunis eenyummaa garee kan gosaa yookaan qomoo ibsa.

Geerar Geerari jedhuu,

Yoon geerare maal qabaa?

Eessa kootu mudaa qaba?

*Sanyiin koo sanyiidhaaree?
Sanyii warra Ayyaanaadha,
Ayyaanaa warra hiddaa,
Warra addaanyii abiddaa,
Yoon jedhe nan sobaaree,
Ilaameereet yaa ijoollee,
Yaa ijaallee yaa ijoolushee,
Booda waa hin jettaniiree?*

Eenyummaan garee geerarsa kana keessa jiru eenyummaa gosaa yookaan qomooti. Oromoon akkaataa ittiin eenyummaa isaa ibsatu maloota garaagaraa qaba. Eenyummaa dhuunfaa irraa ka'ee gara gareetti, garee irraa gara walootti ce'a. Geeraraan geerarsa kanaa sanyii isaa faarsa. Sanyii isaa hanga gosa yookaan balbala isaatti kaasuudhaan faarsa. Sanyiin koo sanyiidhaaree, sanyii warra Ayyaanaati jedha. Ayyaanaan gosa Oromoo naannoo aanaa Giddaa Ayyaanaa jiraatudha. Ayyaanaa keessaa immoo sanyiin warra Hiddaa jedhamu ni jira.

Geeraraan kun amala qomoon isaa qabu ibsuudhaan geerara. Innis sarara torbaffaafi saddeettaffaa irratti "Ayyaanaa warra Hiddaa, warra addaanyii abiddaa" jedha. Ayyaanaa keessaa gosti Hiddaa jedhamu kan eeboo darbatee yookaan rasaasa dhukaasee hin dhabne jechuudha. Kana jechuun warra adamoodhaan beekamu yookaan warra ajjeesaa akka ta'anidha. Kanaafuu, geerarsa

kana kan geeraru nama dhuunfaa haa ta'u malee, kan geeraramu waa'ee qomoofi amala isaaniiti.

Walumaagalatti, geerarsa kana keessatti eenyummaan garee calaqqiseera. Kunis, dhimmi Ayyaanaa, Hiddaafi ajjeesaa yoo ka'u hundi isaayyuu dhimma gareeti. Waa'een garee kanaa, amalli gareen kun qabu geerarsa kana keessaan ifoomeera. Kanaafuu, geerarsa kana keessa eenyummaan garee jira.

Yeroo geeraran qofa osoo hintaane, yeroo jalaa cookanillee dhimmoonni garee hawaasaa calaqqisiisan ni mul'atu. Ragaa qorataan godina Buunnoo Beddellee aanaa Gachii irraa funaane keessatti akkaataa armaan gadiitiin jalaa cookuudhaan geeraraa jajjabeessu.

*Ishoo hin jettuuIshooyee
Meerre coomni.... ishooyee
Kan waaddayyee.... ishooyee
Meerre Goonni.... ishooyee
Kan faarsaniyee..... ishooyee
Lafoo hin jettuu... lafoodhakaa
Lafa hin dhiittuu..... lafoodhakaa
Maaf cal jettuu.... lafoodhakaa
Lafoo lafoo..... lafoodhakaa
Laafa farsoo... sifoolakaa
Gaafa xiiqii..... situ oolakaa
Lafoo Awadii lafoodhakaa
Lafoo Daaroo lafoodhakaa
Lafoo Amiinyaa lafoodhakaa*

Lafoo Calloo lafoodhakaa

Lafoo Moguu..... lafoodhakaa

Jalaa cookni geerarsaa armaan olii dhimmoota kanneen akka gootummaa, xiiqiifi gosa yookaan qomoo irratti xiyyeeffata. Geerarsa keessatti goota, ejjennoo qabaachuufi qomoo ofii faarsuun mallattoo ofiin boonuuti. Jalaa cooka walaloo geerarsaa kana keessatti kan maqaan tuqame iyyaafannaa gootaafi gosa Aanaa Gachii keessa jiraatu keessaa balbala garaagaraadha. Gareen jalaa cooka kana keessatti tuttuqaman irra caalaan isaanii jamaa geerarsichaa keessatti argamu. Jamaan geerarsa kanaa hunduu qomoo walii beeka. Kanaafuu, walfaarsuufi offaarsuun jalaa cooka kana keessatti calaqqisee jira. Qomoo ofii beekuufi ittiin of waamuun immoo Oromoon eenyummaa isaa beeku biratti akka mallattoo ofiin boonuutti ilaalama. Keessumaa sirna gaa'elaa geggeeffachuu keessatti Oromoon balbala isaa lakkaawwatee ga'eela geggeeffata; balbala isaas lakkaawwatee adeemsa jiruufi jireenyaa geggeeffata.

Jalaa cookni geerarsa kanaa kutaa garaagaraa qaba. Kutaan jalqabaa waa'ee coomaafi gootaa walbira qabee faarsa. Kan lammaffaa garaagarummaa gaafa nyaataafi gaafa lolaa dhiyeessa. “*Gaafa farsoo si foolakaa, gaafa xiiqii situ oolakaa*” jedha. Kunis waa'ee nama bakka lolaa baqatuufi waa'ee nama bakka

nyaataa iyyaafatuu ibsa. Namni tokko tokko bakka lolliifi oduun lolaa (keessumaa lola balaa gosaafi sabatti dhufu deebisuu) jirutti argamuu nisodaata. Faallaa isaa bakka wanti nyaatamu jiruttimmo namni isa dursee hinargamu. Kanaafuu, uummanni Oromoo eenyummaa faayidaa dhuunfaa irratti xiyyeeffate balaaleffachuun, eenyummaa hawaasaa fayyadu irratti xiyyeeffatemmoo nijajjabeessa.

Kutaa sadaffaan balbala gosaa Oromoo Aanaa Gachii keessa jiru tarreessuun “isin amma jirtuu?” jechuun gaaffii dhiyeessa. Gosti Oromoo akka balbala isaatti geerarsa kana keessatti maqaa dha'ames Awadii, Daaroo, Amiinyaa, Calliyaafi Moguudha. Ragaan afgaaffiidhaan argame akka agarsiisuttis isaan kun Oromoo naannoo Gachii jiraatanidha. Kanamalees, akka Alamaayyoofi kanneen Biroo (1998) ibsanitti, ilmaan Buunnoo arfan keessaa tokko Moguu jedhamuun kan beekamudha. Kanaafuu, warreen akka Awadii, Daaroo, Amiinyaafi Calliyaa gosoota xixiqqoo yoo ta'an Moguun garuu Arfan Buunnoo keessaa tokkodha. Akkaataa kanaan gosa isaa lakkaa'ee geerara. Geerarsa isaa keessatti gosa isaafi gosa Oromoo biroo naannoo isaa jiru faarsuudhaan dhaloota booda isaa jiru barsiisa. Kunimmoo, Oromoo biratti mala ittiin firri walbaru, dhaloonni boodaan dhufu naannoo isaa baruufi hariiroo walii cimsatudha.

Geerarsi armaan gadii kun haadha faarsuuf kan geeraramu ta'ee, waa'een qomoos keessatti tuqamee jira.

Yaa haadha Kabbuu yaa Nuuree

Keessan buusa maqaakee

Akka kuula wayyaakee

Sirbituu durba Booroo

Qorannaan qeensa toltee

Qorraan akaakuu toltee

Dhuftee abbaa kootii hortee

Geerarsa armaan olii kana keessatti geeraraan haadha isaa faarsa. Geeraraan kun maqaan isaa Kabbadaa yoo ta'u, maqaa haadha isaammoo Nuurituudha. Qomoon haadha isaa Booroo ta'uufi abbaan isaas qomoo ishee qoratee akka fuudhe agarsiisa. Gosti qomoo kanaa Oromoo aanaa Gachii keessa jiraatan keessaa tokkodha. Adeemsa jiruufi jireenya Oromoo keessatti geerarsi mala ittiin ijoollee ofii qomoo naannoo tokko jiraatuun wal barsiisanidha. Kana malees, Oromoon yeroo gaa'ela dhaabbatu walqorachuun (gosa yookaan qomoo) adeemsa jalqaba raawwatamudha. Kunis, qomoon wal hinfuune jiraachuu waan maluufi firri fira akka hinfuuneef kan fayyadudha.

Akka geerarsa armaan olii kanatti haati isaa qomoofi bareedinni ishee ilaalamee heerumte. Kanas, toorri “Qorannaan qeensa toltee, qorraan akaakuu toltee” jedhu agarsiistuudha.

Qeensa tolti kan jedhu qulqullina ishee kan eeggattu jechuu yoo ta'u, akaakuu tolti kan jedhu immoo gosa waan ittiin beekamu qabu keessaa dhalachuu ishee kan ibsudha. Geerarsa kana keessatti qeensa qabaachuufi akaakuu toluutu wal bira qabamee dhiyaate. Akka ilaalcha hawaasaatti namni qeensa hin qabne qulciidha. Nama qulcummaa qabus jalqabuma qeensa irratti beekuun ni danda'ama. Akkasumas, akaakuun nama tokkoos eenyummaa akkamii akka qabu adda baasuun kan danda'amu qorachuudhaanidha. Egaan akka geerarsa kanaatti haati qeensa qorachuun beekantu, akaakuun isheen qoratamee heerumte kun ijoollees kan horteeff ta'uu hubachuun nidanda'ama.

Garee Bakka Jireenyaa

Geerarsi haala hawaasni tokko bakka jireenyaan ijaaramuu danda'u agarsiisuu nidanda'a. Bailly (2017) akka ibsetti, naannolee kan jennu kanneen akka biqilootaafi hidda qaccee isaanii, biyyoo, uumamoota kan biroofi haala qilleensaa gareen namootaa amala walfakkaata qaban keessa jiraatanidha. Kana jechuun akkuma biqiloonni, biyyee, uumamoonniifi haalli qilleensaa walfakkaataan bakka tokko jiraachuu danda'an garee tokkotti ramannu namoota bakka walfakkaataa jiraatanis garee tokkotti ramanna.

Hariiroo, garee fi qabeenya bira darbee namoonni iddoodhaanis eenyummaa isaanii ibsuu danda’u. Kunis, Proshansky (1978) akka jedhetti, eenyummaa bakkaa yeroo hiiku, kallattiin eenyummaa bakkaan walqabsiisuun kan ibsuun danda’amu naannoo jireenyaa wajjin walqabsiisuun yaada, amantaa, filannoo, miira, sona, galmaafi amala naannichaa wajjin walqabatan karaa sammuu dammaqaafi riphaa ta’een ibsa. Haala jiruufi jireenya Oromoo keessatti hawaasni bakka jireenya isaafi kan naannoo isaa geerarsaan ibsuu ni danda’a. Eenyummaan haala kanaan ibsamu immoo eenyummaa garee bakka jireenyaan calaqqisudha. Geerarsi armaan gadiis bakkoota garaagaraa tuttuquudhaan geerarame.

Geerar geerar naan jedhuu

Attamiinan geeraraa

Geeraraan Geeraa jiraa

Geerriin Gammoojjii jira

Namni geeraree hin hare

Bachoo Arabii jira

Baddaa Naqamtee jira.

Geerarsa olii kana keessatti bakkoonni garaagaraa Geeraa, Bachoofi Naqamte tuqamanii jiru. Haala qilleensaa keessaa immoo Baddaafi Gammoojjiin eeramanii jiru. Geerarsi kun raghimtoota aanaa Gachii irraa funaaname. Geerarsa isaanii keessatti gareen

hawaasaa bakka jireenyaatiin Gachii hintaane baay’ee geeraru akka danda’an akeekuun geerarsa eegalu. Oromoon waan godhu tokko keessatti dhugaa iddootti eeguufi beekamtii walii kennuun amala isaati. Kanaafuu, Geeraa, Bachoofi Naqamte kanneen geerarsa geeraru danda’anidha.

Geerarsi armaan olii kun haala teessuma lafaatiin walqabatee kan geeramedha. Akka Bailly (2017) ibsettimoo, yaad-rimeen haala teessuma lafaa jedhu kun bara 1930moota keessa Sauerdhaan U.S keessatti qophaa’e. Teessumni lafaa tokkummaa uumamaa, hawaasummaafi miidhaginaa, walitti dhiyeenya aadaa tokkoofi naannoo tokko gidduu jiru ibsa. Lafti naannoo sochii dhala namaatiin kan bocame yoo ta’u, gareewwan aadaa lafa qubsiisuuf mala adda adda waan qabaniif, akkaataa bosona, dirree, daandii irratti xiyyeeffannaan addaa kennama. Yaad-rimeen kun yaada jireenya waliinii dhala namaa, hawaasaa, akkaataa jireenya isaafi miira bakka jireenya isaa ijaaruu wajjin wal qabata. Geerarsa armaan olii keessattis, iddoowwan jireenyaa kanneen akka Geeraa, Bachoofi Naqamtee eeramanii jiru. Geerarsa kana keessatti jiraattonni Aanaa Gachii bakkoota garaagaraa maqaa dha’uudhaan geeraru. Kan jalqabaa “Geeraraan Geeraa jira” kan jedhudha. Geeraan Godina Jimmaa keessaa aanaa

tokkodha. Kan lammaffaa “Bachoo Arabii” kan jedhudha. Bachoonis Aanaa Godina Iluu Abbaa Boor keessatti argamtudha. Kan sadaffaa “Baddaa Naqamtee jira” kan jedhu yoo ta’u, Naqamtemmoo magaalaa godinaa Godina Wallagga Bahaati. Geerarsa kana keessatti raghimtoonni Aanaa Gachii godinoota ollaa Godina Buunnoo Beddellee keessaa kanneen godinattii daangessan sadii maqaa dha’anii geeraru isaani agarsiisa. Kunimmoo, Oromoon hangamillee walirraa fagaatee yoo jiraate, bakka jireenyaa isaa maqaa dha’ee yoo geerares, akka inni quba wal-qabu agarsiisa.

Kana malees, geerarsa kana keessatti bakka jireenyaa keessaa haala qilleensaan kan walqabatu Gammoojjiifi Baddaan eeramee jira. Kunimmoo, Oromoon haalli qilleensaa bakka tokkoo maal akka fakkaatuufi wantoonni hawaasa irraan miidhaa ga’an haala qilleensaa akkamii keessa akka jiraatan agarsiisuuf fayyada. Keessumaa “Geerriin Gammoojji jira” kan jedhu waan hawaasni irraa of eeggachuu qabu akeekuuf kan geeraramudha. Geerriin ilbiisa naannoo Gammoojji jiraattu taatee kan takka mul’atte takkammoo baddudha. Ilbiisni kun yeroo kaatu midhaan keessaa xaafiifi marga nyaachuu jaallatti. Ilbiisni kun keessumaa naannoo Gachiitti bar tokko kaatee akka isheen midhaaniifi marga horiin dheeddu balleessite

ragaan afgaaffiin argame niagarsiisa. Kanaafuu, haala qilleensaa Gammoojji keessa ilbiisni kun jiraachuu akka dandeessuufi irraa of eeggachuun akka barbaachisu hawaasni wal hubachiisa.

Walumaagalatti, eenyummaa gareen tokko qabu kaasuun eenyummaa sana garee kan biroo keessatti ijaaruuf kan gargaarudha. Kana malees, akka gareen tokko garee biraa haala jireenyaafi bakka jireenyaa isaa baruufis ni gargaara. Kanaafuu, geerarsi Oromoo daangaa kan ce’uufi haala hawaasaa hubachiisuu keessatti ga’ee guddaa kan qabudha.

Geerarsi armaan gadii kun oomisha addatti naannoo Aanaa Giddaa Ayyaanaa, waliigalatti immoo godinoota Wallaggaa keessatti baay’inaan beekaman irratti xiyyeeffata. Oromiyaan godinoota garaagaraa haaqabaattu malee godinaaleen kunneen oomishoota garaagaraatiin beekamu. Geerarsi armaan gadii kunis kana agarsiisa.

Ilaameereet yaa ijoollee

Giddaa keessa taa’anii

Wallaggasoo taa’anii

Qamadii dhabuun farraa

Damma dhabuun salphina

Akkas tattafatanii

Akkasitti hojjetanii

Hiyyummaat hafuun farra

Booddeet hafuun salphinaa

Geerarsi olii kun oomishaalee hawaasni jiruufi jireenyasaa ittiin geggeeffachuuf qabaachuu qabu ibsuu irratti xiyyeeffata. Oomishni jirummoo haala qilleensaa irratti hundaa'ee bakkaa bakkatti garaagarummaa qaba. Geerarsa kana keessatti kanneen akka oomishaatti ibsaman qamadiifi dammadha. Giddi addatti bakka ragaan kun irraa funaaname yoota'u, Wallaggimmoo akka waliigalaatti oomishaalee qonnaa keessaa qamadiifi damma baay'inaan oomishuun beekama. Kana jechuun, lamaanuu oomisha namni hundi oomishuu danda'udha. Toora tokkoffaa hanga arfaffaatti kan jirus Giddaafi Wallaggaa keessa taa'anii qamadiifi damma dhabuun qaanii akka ta'e agarsiisa.

Kana malees, carraaqanii oomishaalee qonnaa kanneeniifi kan biroos oomishnaan hiyyummaatti hafuun waan sirrii akka hin taane, osoo hojiif carraaqanii dinagdeedhaan gadi bu'uun waan hin malle akka ta'eefi hiyyummaa keessaa ba'uun hojiidhaan akka ta'e sirnaan mul'ata. Hojiidhaaf carraaquun mala ittiin biyyas ta'e bakka tokko jireenyaan of dandeessisuun danda'amudha. Kan oomishaan jabaate immoo nama yookaan garee kaaniin gadi wanti isa taasisu hin jiru. Kanaafuu, geerarsa kana keessa Giddaafi Wallagga kan jedhu eenyummaa bakka jireenyaa kan ibsudha.

Akka geerarsa kanaatti namni tokko xiiqeffatee hojjeteera taanaan hiyyummaa keessaa ba'uu danda'a. Cimanii hojjechuun bu'aa hojii ofii argachuufidha. Haa ta'u malee, namni tokko cimee osoo hojjetuu hiyyummaa keessaa ba'uu dhiisuu nidanda'a. Kunis, karaa tokkoon haala namni sun ittiin hojjetu, kan biraan immoo, dhiibbaa karaa alaan nama sana irra jiruun ta'uu nidanda'a. Namni tokko humna guddaa baasee mala ittiin bu'aa gaarii argatan hinbeeku taanaan akkasumaaf dhama'a. Karaa biraan, namni tokko malas beekke, humna isaa osoo hinqusatiinis hojjetee, oomishnis tolee qaamni qabeenya isaa irraa qooddatu jira taanaan dadhabbiin isaa akkasumaan ta'a. Kanaafuu, eenyummaan namni tokko qabaachuu qabu jaalala hojii qabaachuu, hojiif tattaafachuu, maloota hojii keessatti nama milkeessan garaagaraa beekuufi qaama qabeenya isaa saamu ofirraa faccisudha. Kun taanaanimmoo, hiyyummaa keessaa ba'anii jireenya fooyya'aa jiraachuun nidanda'ama jechuudha.

Garee Haala Hojii

Hawaasa keessatti eenyummaan garee haala hojii adda addaa irratti hundaa'ee ijaaramuu ni danda'a. Hawaasni hojii gosa garaagaraatiin jireenya isaa geggeeffata. Akka Christiansen (1999) fi Unruh (2004) ibsanitti, haala hawaasaa keessatti namni tokko waan inni hojjetuun ibsama. Keessumaa Unruh (2004)

caalmatti akka ibsitetti, eenyummaa namni tokko hawaasa keessatti qabu hojii, bu'aan namni tokko hojii irraa argatuufi sona hawaasni hojiin walqabatee qabu, akkasumas, eenyummaa dhuunfaa kanneen akka ko'ummaa, dandeettii waa kalaquufi hariiroo namni tokko hojii investimantii irratti qabu irratti hundaa'a. Kanaafuu, eenyummaan nama tokkoo fedhii inni hojii hojjechuu irratti qabuufi faayidaa inni argate ibsuu irratti hundaa'a.

Taylor (2008) akka ibsetti, taateewwan afoola keessatti himaman, yeroo baay'ee, muuxannoo namoonni seenessan sun qabanidha. Namni seenessu sun dhaggeeffattoota fuulduratti adeemsota ittiin hojiin hojjetamu muuxannoo isaa seenessa. Muuxannoon hojii akkaataa kanaan irra deddeebi'amuun himamu immoo eenyummaa hawaasa keessatti gama hojiitiin qabaachuun malu ijaaruuf kan gargaarudha.

Geerarsa gadii kana keessatti garee hojii qonnaan bulaafi barataa argina. Kunis, eenyummaa qonnaan bulaafi barataan qabaachuu qabu agarsiisa.

Gindiif qambarrii baadhee

Qotee bulaan fakkaadhee

Dabtariif kobbii baadhee

Barattootaan fakkaadhee

Yoo qotachuu baatanoo

Hiyyummaatti hafanoo

Yoo barachuu baatanoo

Doofummaatti hafanoo.

Geerarsa olii kana keessatti eenyummaa garee hojiitiin gama qonnaan bulaafi barnootaan barbaadamu argina. Gindiifi waanjoon meeshaalee hojii qonnaafi eenyummaa qonnaan bulaa wajjin kanneen walqabatanidha. Geerarsa kana keessatti walaloon isaa wal-qixxummaa akka qabaatuuf jecha Afaan Amaaraa 'qambarrii' jedhu fayyadame. Kunimmoo waanjoo jechuudha. Akkasumas dabtaraafi kobbeen immoo meeshaalee eenyummaa barattoota wajjin kanneen hidhata qabanidha. Geerarsa kana keessatti eenyummaawwan kunneen waan ittiin beekaman waliin dhiyaataniiru.

Geerarsa olii kana keessatti toorri tokkoffaafi lammaffaan; akkasumas, shanaffaafi ja'affaan eenyummaa qonnaan bulaa kan ibsedha. Kunis, namni gindiifi waanjoo baatu qonnaan bulaa akka jedhamu agarsiisa. Akka galumsa Oromoottis mallattoon qonnaan bulaan gaariin tokko ittiin beekamu gindiifi waanjoo sirnaan tolfatee qabaachuu isaati. Haata'u malee, gindiifi waanjoo qabaachuu qofa osoo hintaane, haala barbaadamuun qotanii hiyyummaa keessaa ba'uunis barbaachisaadha. Hojiin qonnaa hojii humna gaafatuufi tooftaa barbaadudha. Qonnaan bulaan tokkos maqaa qonnaan bulaa jedhu qofaa qabaachuun ga'aa miti. Kanaafuu, adeemsa hojii qonnaaf

barbaachisan kanneen akka waqtii, gosa midhaanii lafichi baasu, marsaa meeqa irra deddeebiin qotamuu akka qabu, yeroo sanyiin faca’u, kunuunsa taasifamuu qabuufi haala ittiin calleessan beekuun dirqamadha. Akka geerarsichaattis adeemsota kana beeknaan bu’aa gaarii argatanii hiyyummaa keessaa ba’uun akka danda’amu ibsuuf “Yoo qotachuu baatanoo, hiyyummaatti hafanoo” jedha. Kunimmoo, bu’aan qonnaa qotuu hiyyummaa keessaa ba’uu akka ta’e ibsa.

Kan biraan, garee hojii keessaa eenyummaan barattootaa geerarsa armaan olii keessa nijira. Haaluma kanaan sarara sadaffaafi araffaa irratti “*Dabtariif kobbii baadhee, barattootan fakkaadhee*” jedha. Kunis, waan eenyummaa barattootaa ibsuu danda’u keessaa dartarriifi qalamni jiraachuu agarsiisa. Akkasumas, dabtaraafi qalamaan alatti haalli fudhannaa barnootaallee eenyummaa barattootaa ibsuu nidanda’a. Haaluma kanaan, barnoonni akkaataa barachuu, akkaataa qo’annaa, xiyyeeffannoofi haala hordoffii irratti hundaa’ee eenyummaa garee uummachuu nidanda’u. Barattoonni yaadaafi xiyyeeffannoo itti kennanii baratanimmoo karaa tokkoon doofummaa keessaa ba’u; itti dabalees, barnoota isaaniitti milkaa’anii jiruufi jireenya fooyya’aa jiraachuu akka danda’aniif “Yoo barachuu baatanoo, doofummaatti hafanoo” jedha. Kanaafuu, namni barate eenyummaa

doofummaa ofirraa mulqee eenyummaa nama baratee gonfata jechuudha.

Geerarsi armaan gadii kunis geerarsa hojii qonnaa, daldalaafi loltummaa irratti xiyyeeffachuun geeraramedha.

Maaliifin hin geerarree?

Isa sanyitu nu qabaa

Mirgas sanyitu nu qaba

Maaliifin hin geerarree

Aramtuu wajjin cakii

Qottuu wajjiniin gindii

Loltuu wajjin barahaa

Nagadduu wajjin birrii

Attamiin hin geerarree?

Geerarsi armaan olii kun garee hojii adda addaa irratti xiyyeeffachuun kan geeraramedha. Gareen hojii kunis qonnaan bulaa, loltuufi daldaladha. Akka galumsa hawaasaatti namni tokko toora hojii irratti bobba’e irratti milkaa’uufi milkaa’uu dhabuu isaa; akkasumas, haala ittiin hojjetu geeraruu nidanda’a. Kana malees, muuxannoo qaban, kan nama biroo irraa qooddataniifi kallattii milkaa’inaa kan akeeku geerarsaan ibsuun nidanda’ama. Itti dabalees, Gitni sanyii nama tokkoo haamlee geerarsaa nama keessatti uumuu danda’a. Karaa biroon, geerarsi eenyummaa garee hojii kan milkaa’e ittiin jajjabeessanii, kan milkiin itti hanqate immoo dandii itti agarsiisuuf kan fayyadudha.

Geerarsi olii kun gaaffii maaliifan hingeeraru jedhuufi dhimmoota irratti geeraru adda addaa qabaachuu geeraraa irratti xiyyeeffata. Geeraraan kun toora tokkoffaa hanga sadaffaa irratti sababa eenyummaa sanyii isaa mirga geeraru akka qabu ibsata. Sababa gita sanyii isaa fi hojiilee adda addaa keessatti immoo hirmaannaa qabuuf maaliifan hin geeraru jedhee gaafata. Sanyiin isaa geerarsaan beekamoo akka ta'an, nama aramu, qonna qotu, lola irratti hirmaateefi hojii daldala keessa jiru waliin hirmaannaa waan qabuuf nan geerara jedha.

Hojii qonnaa keessatti namni sirnaan qoteefi isa qotamemmoo sirnaan aramee bu'aa barbaadamu argachuu nidanda'a. Hojiin qonnaas hojii hirmaannaa namootaa gaafatudha. Kanaafuu, geerarsa kana keessatti toorri, "*Aramtuu wajjin cakii, qottuu wajjiniin gindii*" jedhu, hojii qonnaa keessatti meeshaa qonnichaaf oolu fayyadamuufi isa facaasan aramanii kunuunsuuf waliin hojjechaa jiraachuu kan agarsiisudha. Kana malees, qotanii facaasuu gindiifi qambarriin tajaajila kennaa akka jiru ibsa.

Kan biraan, eenyummaan geerarsa olii kana keessa jiru eenyummaa loltuu Gammoojjii jiraatuuti. Sararri "*Loltuu wajjin barahaa*" jedhu, loltuu wajjin bakka qilleensaa Gammoojjummaa qabu keessa turuu kan

agarsiisudha. Jechi 'barahaa' jedhu jecha Afaan Amaaraa walaloo geerarsichaa keessatti rukutta manaa eeguuf galedha. Kana malees, hojiin daldalaas eenyummaa garee hojii keessaa tokkoofi geerarsa kanaan kan calaqqisedha. Daldalli immoo qarshii waliin wal-bira qabamee dhiyaate. Kaayyoon daldalaas maallaqa argachuudha. Kanaafuu, hojiiwwan kana keessatti qonnaan bulaa ta'uuf meeshaalee qonnaaf barbaachisan guuttachuun, lolaaf bakki akka hin filatamneefi daldalli bu'aa buufachuuf akka ta'e geerarsa oliirraa hubachuun nidanda'ama.

Walumaagalatti, Geeraraan kun eenyummaa ofii isaa eenyummaa namoota biroo keessatti ibsata. Sababiin isaa, ijaarsa eenyummaa keessatti namni dhuunfaas ta'ee, hawaasni ga'ee qaba. Akka geerarsa olii kanaatti, geerarsa keessatti haalli sanyii murteessaa ta'uu argina. Akka Dowling (2011) ibsetti, eenyummaan keenya inni gama tokkoo namootaan kan nuu ijaaramu yoo ta'u, inni gama biraa immoo ofuma keenyaan ijaarranna. Kunimmoo uummanniifi namoonni naannoo keenya jiran dhimma eenyummaa keenya irraan dhiibbaa geessisuu akka danda'an agarsiisa.

Geerarsi armaan gadii haala hojii irratti xiyyeeffachuudhaan kan geeramedha. Gareen hojii geerarsa kana keessa jiru dubartii

akka ittoo qopheessituutti, barataa, qonnaan bulaafi gootadha. Toora tokkoon tokkoon isaaniitti immoo meeshaan gosa hojii isaanii waliin adeemu ibsamee jira.

*Gaafa dubartiin duutu,
Diftiidhaan lafa tuquu,
Qulanxaa boraasisuu;
Gaafa barataan du'uu,
Kitaabaan lafa tuquu,
Peennaadhaan dallaa jaaruu;
Gaafa gabareen du'u,
Gindiidhaan lafa tuquu,
Qanbarrii boraasisu,
Babatteen dallaa jaaruu;
Gaafa gootichi du'u,
Qawweedhaan lafa tuquu,
Zinnaara boraasisu,
Rasaasaan dallaa ijaaruu;
Mucaan zinnaara raara,
Tokkaashii namararaa!
Tokkaashii namararaa!*

Geerarsi armaan olii kun ergaasaa kanneen ifa taasisan dhuka shan ofirraa qaba. Dhukni arfan hundinuu waa'ee du'aa kaasuu. Toora kanneen keessattis waantoonni yeroo du'an lafaan tuqaman, kanneen boraafachiifaman, kanneen dallaa ta'anii ijaaraman qixa tokko-tokkoo namoota du'aniin tarreeffamaniiru. Wantoonni kunniin ogummaa tokko tokkoon namootaa

dhiisanii du'anitti fakkeeffamanii kan dhiyaatanidha.

Akka aadaa Oromootti namni tokko yeroo du'u hojiin inni hawaasa keessatti hojjetee darbe niyaadatama. Sirna owwaalchaa keessattillee yeroo boo'amuuf wantoota namni sun ittiin beekamu maqaa dha'ama. Haaluma kanaan, yeroo namoonni kun du'anis wantoonni lafaan tuqaman nijiru. Yeroo namoonni toora hojii kana keessa jiran du'an kanneen lafaan tuqaman kan dubartii diftii, kan barataa kitaaba, kan qonnaan bulaa gindiifi kan gootaa qawweedha. Kunis hojiin namoota kanaa meeshaalee kanaan wal-qabachuu isaa agarsiisa. Meeshaaleen kunis kallattiin toora hojiilee kanneeniin walitti hidhatu. Nama du'eef yeroo boo'anis gosa hojii kanaa seenaa namni sun hojjete tuttuqu. Kan dubartii harka toltuufi arjummaa ishee tuquu nidanda'u. Kan barataa, qonnaan bulaafi gootaas meeshaalee meeshaalee isaan ittiin beekaman qabachuun ykn maqaa dha'uun boo'uufii danda'u.

Kan biraan immoo, toora namoota gosa hojii tuqaman keessa jiraaniin wantoota booraasifamaniin walqabata. Kunneenis, yeroo dubartiin duutu qulanxaa, kan qonnaan bulaa qambarriifi kan gootaa zinnaaradha. Kunis akka galumsaafi aadaa Oromootti namni tokko yeroo du'u meeshaalee namni sun ittiin beekamu mataa isaa jala kaa'anii owwaalu.

Kunis hojii isaa kabajuufi beekamtii kennuufii agarsiisa. Akka McAdams (1993) fi Wetherell (1996) jedhanittis, Wantoota ijaarsa eenyummaaf gumaacha taasisan keessaa aadaan meeshaa tokkodha. Ijaarsi eenyuummaa aadaa namni sun keessaa dhufe irratti hundaa'a; akkasumas, jijjiiramoota walitti fufiinsaa uumamaa deemuuf walta'insa daneessummaafi walmorkiiwwan aadaa mataasaanii waliin taasifamuun ibsamuu nidanda'a. Akka geerarsa armaan olii kanaafi galumsa hawaasaattis namoota toora hojii kana keessaa du'an meeshaalee tuttuqaman mataa isaanii jala kaa'anii awwaalu.

Inni sadaffaan, wantoota yeroo namni tokko du'u dallaa ta'anii ijaarsamanidha. Isaanis: kan barataa peennaa, kan qonnaan bulaa babatteefi kan gootaa rasaasadha. Meeshaaleen kunnneen dhuguma dallaan ittiin ijaarama jechuu osoo hintaane, wantoota namoonni toora hojii kana keessa jiran ittiin beekaman ta'uu agarsiisa. Kana malees, wantoota eenyummaa gama hojiin namni tokko qabu ibsuuf kan fayyadudha. Keessumaa, mararsiifannaafi kabaja namni tokko gitoota hojichaaf qabullee kan agarsiisudha.

Goolaba

Afoola Oromoo keessatti eenyummaan garee geerarsaan ibsamuu nidanda'a. Eenyummaa garee kan qorataan qorannoo kana keessatti

xiinxale geerarsoota sadarkaa eenyummaa waloo gaditti jiranidha. Oromoon akka caasaa hawaasummaa isaatti warra jalqabaa balbala, qaccee, warreen (families), kan lammaffaa aantee (sects), kan itti aanu qomoo (clan), kan biraan gosa/sanyii (tribe) yoo jedhu, kan dhumaa lammii uummataa (Nation) jedha. Karaa biraammoo, geerarsi gosa ykn qomoo hawaasa bakka tokko jiraatuu ibsuus nidanda'a. Gosoota Oromoo naannoo isaa keessa jiru geerarsaan tarreessee keessaan walbaree, walis barsiisa.

Kana malees, akkaataa teessuma lafaa fakkeenyaaf, aanaa, godina, hidda latiinsaafi akkaataa walitti dhiyeenya bakka jireenyaatiin geerarsaan walfaarsuu, waliin dhaadachuufi waljajuun nijira. Itti dabalees, haala hojii hawaasa keessatti beekaman, kutannoo namoonni hojii irratti qabaniifi wantoonni hojii namootaa waliin hidhata qaban eenyummaa garee hojii ijaaruu keessatti qooda qabu. Akka gorannoo kanaatti lammiin uummataa kan jedhuun alatti kanneen jiran akka eenyummaa gareetti xiinxalaman. Egaan geerarsa Oromoo keessatti eenyummaan garees ni ibsama. Akka siyaasa biyya Itoophiyaa garuu, eenyummaa garee ibsachuun akka waan miidhaa qabuutti ilaalama. Oromoon garuu eenyummaa isaa akka bakka jireenyaatti, haala hojiifi akka qomootti walbeekuun ijaarrachaa adeema. Eenyummaan garee immoo gara eenyummaa

waloo (Oromummaa) ijaarrachuutti uummata geessa.

Galata

Qorannoo kana geggeessuu keessatti maanguddoonni, dargaggoonniifi hojjettoonni waajjiroolee garaagaraa ragaalee barbaachisoo kennan haa galatoomani. Itti dabalees, yuunivarsiitii Mattuu baasii hunda danda'ee carraa barumsaa naa kennuufi yuunivarsiitiin wallaggaa immoo baasii qorannoo kanaaf barbaachisu naa ramadee carraa barumsaa kana naa kennuu isaaniif galanni koo guddaadha.

Ga'ee Barreessitootaa

Namoonni sadan qorannoo kana keessatti hirmaatan ga'ee garaagaraa qabu. Qorataa tokkoffaan qorannoo kana wixinee qopheessuu irraa kaasee ragaalee dirreetti ba'ee erga funaanee booda xinxiiluudhaan adeemsa maxxansaa kan raawwachiise yoo ta'u, barreessitootni lammaffaafi sadaffaanimmoo adeemsa qorannichaa keessatti barreessa tokkoffaa gorsuufi qajeelchuun gumaachaniiru.

Ibsa Waa'ee Barreessitootaa

Waaqgaarii Tasfaayee (Ass. prof.), Yuunivarsitii Mattuutti barsiisaa Afaaniifi Ogbarruu Oromoo yoota'u, yeroo ammaa Barnoota Afaaniifi Ogbarruu Oromoon Yuunivarsitii Wallaggaatti digirii sadaffaa barachaa jira.

Waktola Wakjira (Ass. Prof.), Yuunivarsitii Wallaggaa Muummee Afaaniifi Ogbarruu Oromootti barsiisaa, gorsaafi qorataadha.

Guddataa Abdiisaa (Ass. Prof.) yeroo ammaa Yuunivarsitii Wallaggaatti, Muummee Afaaniifi Ogbarruu Oromootti barsiisaa, gorsaafi qorataadha.

Wabiilee

Alamaayyoo Hayilee, Booshii Gonfaa, Daani'eel Lammeessaa, Sanbatoo Bushaafi Umar Nuuree. (1998). Seenaa Oromoo Hanga Jaallaa 16ffaa (Maxxansa Lammaffaa). Biiroo Aadaafi Tuurizimii Oromiyaa. Finfinnee.

Asafa Jaleta. (2007a). Oromummaa: Oromo Culture, Identity and Nationalism. Oromia Publishing Company: Atlanta Georgia.

Bailly, A. (2017). New Regional Identities in a Global World, GLO Discussion Paper, No. 13, Global Labor Organization (GLO), Maastricht. <http://hdl.handle.net/10419/155275>

Bukenya, A. and Wanjiku. M, K. (1994). *Understanding Oral Literature* (Nairobi: University of Nairobi Press).

Christiansen, C. H. (1999). Defining lives: Occupation as identity: An essay on competence, coherence and the creation of meaning. *American*

- Journal of Occupational Therapy*, 53, 547-558.
- Dowling, J. (2011). Construncting Identity Identity Construction. Scholar Works @ Georgia State University.
- Eriksen, T.H. (1991). The Cultural Context of Ethnic Differences. Royal Anthropological Institute of Great Britain and Ireland. Vol. 26, No.1, pp 127-144.
- Fearon, J. D. (1999). What Is Identity (As We Now Use the Word)? California: Stanford University.
<http://www.stanford.edu/~jfearon/papers/iden1v2.pdf>.
- Gemmechu Megersa. (1996). Oromummaa: tradition, Consciousness and Identity. In Baxter, Hultin and Triulzi, Being and Becoming Oromo: Hitorical and Anthropological Enquiries (PP, 92-102). United States: Sea Press. Inc.
- Gleason, Ph. (1983). "Identifying Identity: A Semantic History." *The Journal of American History* 69.4: 910-31.
- Gover, M., & Gavelek, J. (1996). Persons and selves: the dialectics of identity. Retrieved 11.05.05, 2005, from <http://www.msu.edu/user/govermar/ident.htm>
- James, F. (1988). *The Unknown Horn of Africa*. London: George Philip and Son.
- Jenkins, R. (2004). *Social identity* (2nd ed.). London: Routledge.
- Jeylan W. H. (2005). The Functions of African Arts, The Arsi Oromo Oral Arts in Focus, African Study Monographs 26, No 1 P. 15-58.
- Kannapurany. (2016). Prospective study of folk literature: Cultural identity. *International Journal of English Research*. Volume 2; Issue 3. Page No. 20-22.
- McAdams, D. P. (1993). The Theory We Live by: Personal Myths and the Making of the Self. The Guilford Press, New York and London.
- Oring, E. (1994). "The Interests of Identity." *Journal of American Folklore* 107.424: 242-47.
- Proshansky, H. M. (1978). The city and self-identity. *Environment and Behavior*, 10, 147-169.
- Sokefeld, M. (1999). Debating the Self, Identity and Culture in Anthropology. *Current Anthropology* 40.4: 417-47.
- Sumner, C. (1996). Oromo Wisdom literature: Proverbs, Songs, Folktales: *An Anthology of Oromo literarure*. Addis Ababa: Guddina Tumsa Foundation.
- Tajfel, H. (1978). Social categorisation, social identity and social comparison. In H. Tajfel (Ed.), *The achievement of group differentiation* (pp. 77-98).

- Tajfel, H., & Turner, J. C. (1979). An integrative theory of intergroup conflict. In W. C. Austin & S. Worchel (Eds.), *The social psychology of intergroup relations*. (pp. 33- 47). Monterey CA: Brooks / Cole Publishing Co.
- Taylor, A. (2008). The Construction of Identities Through Narratives of Occupations. Institute of Health and Social Care Research School of Health Care Professions University of Salford, Salford, UK (PhD Dissertation).
- Tesfaye Tolessa Bessa. (2019). A History of Oromo Literature and Identity Issues. (c. 1840-1991). Addis Ababa University. (PhD Dissertation).
- Tsega Etefa. (2012). *Integration and Peace in East Africa: A History of the Oromo Nation*. USA: Palgrave Macmillan.
- Turner, J. C. (1982). Towards a cognitive redefinition of the social group. In H. Tajfel (Ed.), *Social Identity and Intergroup relations* (pp. 15-40).
- Unruh, A. M. (2004). Reflections on: "So...what do you do?" Occupation and the construction of identity. *Canadian Journal of Occupational Therapy*, 71, 290-295.
- Unruh, D. R. (1980). The nature of social worlds. *Pacific Sociological Review*, 23(3), 271- 296.
- Wetherell, M. (Ed.). (1996). *Identities, Groups and Social Issues*. Sage Publications, London.